

12 EDITION

2022
DIGITAL
MAGAZINE

LABATA MAGAZINE

LAKK.1 JILDII 12
AMAJJI 1, 2022



TELEGRAM
T.ME/LABATAMAGAZINE



FACEBOOK
MAGAZINE LABATA



FINFINNEE
OROMIYAA,
ITOOPHIYAA

Og-barruu Saba guddaa gaanfa Afrikaa; Saba Oromoo
keessatti ga'ee isaa taphachuuf hojjeta !

HUBACHIISA!

Barruu kana irratti barreeffamoota jiran eeyyama barreessaan alatti yookis qopheessaa barruu kanaan alatti maxxansuun seeraan dhorkaadha. Mirgi qopheessaa seeran eegamaadha.

Barreeffamoota, Dizaayinii barruu kanaa yookis qabiyyee barruu kanaa walakkaas tahe guutummaa isaa toora hawaasaa kam irrattiyyu raabsuunii fi barruu kana baay'isanii koppii gochuun seeran dhorkaadha.



Qopheessaa fi Giraafiksii

Eeliyaas Asaffaa

+251937742636

eliyasefa001@gmail.com

Eliyas Asefa

CONTACT US

@labatamagazine

TELEGRAM

INSTAGRAM

FACEBOOK

TWITTER

MOBILE

+251902165878

EMAIL

Labatamagazine@gmail.com

HAR'A
QALBIIN
JIRAACHAA;
BORIIF
YAADAAN
QOPHOOFNA
!!

LABATNI

MUDANNOO
KALEESSAA
KUUSAA; MIL'UU
BORIIN AMMOO
RIBUU DHALOOTAA
WALITTI HIDHA.

BEEKUMSI ISIN BIRA
JIRU NAMA BIRAA
QAJEELCHUU
DANDA'A. GALTEEN
BARRUU LABATAA
BARREESSITOOTAA
FI DUBBISTOOTAA
HOJII KANARRATTI
HIRMAATAN
IRRAAYI.



Gulaalaa

Tolawaaq Olii

+251 93 9211121

toli79761@gmail.com

Tolawaaq Olii



Barruu Dijitaalawaa Afaan Oromoo

D h a a m s a !

Nagaan keenya bakka jirtan maratti isin haa gahu. Barreessitoonni fi dubbistoonni qophii fi raawwii hojii kanaarratti qooda fudhattan galatoomaa. Barruun dijitaalawaa Afaan Oromoo kun, galaa seenaatti dhimma bahaa; Akeektuu dhaloota har'aa ta'uun, godaambaa labata borii hundee laayyootti hin raafamne irratti ijaara. Ittiin hamilee fi safuu dhalootaa ol kaasaa; hubannoon irraa baradhaa.

Baafata

1.

Imala Barnootaa

"Turtii keessa addunyaafi sirna barnootaa faana tokko, lama jechaa tarkaanfi isaa dabalaaa haala baruuf barsiisuu itti fufa...."

3.

Har'a

"Dafee uffata san buteen ariifadhee deemuu eegale. Akkuman bira ga'een ofitti qabee dubbiseen dhiifama gaafadhe. Waan uumame itti himuuf anumaa afaan saaqqatu,..."

10.

Homattuu Hin Lakkaa'iin

"Eenyullee, yoo ati eyyamateef malee mirri gadi aantumma akka sitti dhagahamuu taasisu hin danda'u"

5.

Maddaa fi Qubsuma

"yeroo deeman kanas, Lafa ga'an marattuu eeyyama Abbaa Gadaan ala lollis ta'e saamichi, namas ta'e qbeenya booji'uun hin danda'ami..."

11.

Isa Kam Sooradhu?

"Akkamitti akka ati jettu akkuma waan ati jettuu murteessaa dha."

9.

Koottuu Na Dhungadhu

"Ijiko saa hawwu qaamnikoo maal ta'ee Imimmaankoon jiidhee hollachuutti ka'e Innoo haa hollatu silaa eessan qaba Maafimmoo hafuurri kokkeekoon na qabaa"

12.

Dachee Maal Si Goone?

"Yaa Lafaa yaa dachee dandeessuu hundumaa Mee gurrakee as qabi waa tokkon sitti hima Kan garaakoo ture komii kumaatama Gaaffiikoo deebisnaan sittan araarama"



Naahil Tashoomaa
Imala Barnootaa

Daa'imni kennaa Waaqa biraa kennamu, fakkii ofii kan keessatti mil'atan uumama jaalalaa dha. Soora isaaniif malu irraa kaasee hanga karaa isa gaarii adda baafatanitti maatiin kunuunsa addaa gochaafii guddisa.

Akkuma inni qaamaan jabaatee nama waliin dubbiis baraa deemeen, hireen isaa fuulduraa akka miidhaguuf maatiin sadarkaa fooyya'aan guddisuuf waan humni isaanii danda'e hin waakkatani. Umriin isaa barumsaaf yogguu gahu mana barumsaa galchuun tarkaanfii isa jalqabaa eegalchiisu. Mana barumsaa keessatti waan haaraa bara. Ijoollee umriin isa gitan waan argatuuf hiriyoote waliin taphachuu, yaada isaa nama biraan wal geeddaruu bara. Turtii keessa addunyaafi sirna barnootaa faana tokko, lama jechaa tarkaanfii isaa dabalaa haala baruuf barsiisuu itti fufa.

Adeemsi fi sirni barnootaa qubee katabuuf lakkoofsa bocuun eegalame babal'achaa gara barumsa sadarkaa 1ffaa fi 2ffaatti kuufama beekumsaan dabalaa deema. Daa'imummaa bira darba-maa ijoollummaaf bakka lakkisaa, iddoo gahuu barbaadu fedhaan of keessatti baraa deema. Hiriyooteaafi barsiisota haaraa adda addaan wal baruutti dhufa. Kunis tarkaanfii barumsaan eegalame, akkasumas shaakala hariiroo hawaasummaa isaa fooyyeessu isa lammataati.

Adeemsa kanaan barnoota sadarkaa 1ffaa fixee qorumsa jabaa jalqabaaf ga'a. Qormaata kutaa 8ffaa erga fudhatee booda yoo milkaa'eef gammachuu guddaan gara sadarkaa 2ffaatti ce'uun barnoota isaa itti fufa. Sadarkaa 2ffaa kanaan mudannoo biraatu jira, afaan Ingiliffaan barnoota kennamu hubachuun jijjirama haaraa itti ta'a. Tattaaffii godhamu irratti hundaa'ee yeroo gabaabaa gidduutti waan baruun nama dhibu miti. Isa jabinaan fuulduratti deemuuf, hanguma qoramuun ol ka'u dandeettiin mo'achuu dabalaa deema.

Balballi kutaa 10ffaa qormaata biyyoolessaa akka biyyaatti kennamuun cufama. Sadarkaa barnootaa isa giddu galeessa waan ta'eef dorgommiitu itti hedduummaata. Bu'uura kaleessa jiruunis ta'e tooftaa biraa fayyadamuun yoo milkaa'e gara barumsa Qophaa'inaatti yookiin Koolleejjii seenee barachuuf carraa itti aanu argata. Jijjirama qaamaafis ta'e yaadota akkaataa garaagaraan hubachuuf umriin saafelummaa kun murteessaa dha. Carraa kenname irratti hundaa'ee barnoota damee saayinsii uumamaa ykn hawaasaa barachuuf ni filata. Fedhiin isaa gara barnoota saayinsii uumamaas ta'e hawaasaa qabiyyee barnootaa Univerasiitiidhaaf isa qopheessuu danda'antu kennamaaf.



Kutaa 12ffaatti qormaata fedhiif egeree isaa ittiin murteeffatu fudhachuuf qophiifi shaakala cimaa taasisa. Qabxii darbiinsaa yoo fide gara Yunivarsiitii imaluuf carraa argata. Gulantaan inni kun isa cimina yaadaa, dandeettii murteessuu akkaan barbaadu dha. Sababni isaa maatii keessatti guddate, hiriyoota qaama jireenya isaa ta'an, aadaa naannoo isa irraa fagaatee deemuuf dirqamu danda'a. Waanti guddaan isa yaachisu kana qofa miti. Jireenya ofii qajeelchuun, yeroo ofii sirnaan fayyadamuun wantoota isa qoruu danda'an keessaati. Yeroon waamicha Yunivarsiitii akkuma dhiyaateen waan qophaa'uu qabu maatiin hamma danda'an ni mijeessu.

Isa fuulduraaf Waaqatti amanatanii gara bakka itti ramadameetti eebbisanii gaggeessu. Daa'imni kaleessa gaaddisa maatii jala ture, har'a dargaggeessa hiree ofii murteessu ta'uun barnootaan qofa osoo hin taane jireenyaan leenji'uuf manaa gad baha. Abbaafi haadharraas fagaatee itti gaafatamuummaa ofisaatii fudhachuudhaan namoota haaraa biyyoota adda addaarraa dhufan faana dormii tokko keessa jiraachuu eegala.

Ol ba'uufi gad bu'uu qabxii, mijachuufi hammaachuu haalotaa dandamatee imala yoo itti fufe waggoota booda eebbifamuudhaaf ni gaha. Adeemsi irra darbamu yoo hin jiraanne guddinni sirriin hin dhabamu. Dargaggoota humna biyyattii ta'an birokiraasii simatuu irra hanqinni cimaa jiraatus, ciminaan haalota jijjiiruu malee harka kennuun qooda keenya ta'u hin qabu.



Tolawaaq Olii

HAR'A

Sa'aatii muraasa booda beellama cimaan qaba. Kabaja beellama koof jecha, akka malutti keessaaf alaan of miidhagsee qophaa'eera. Tarii waanti ta'uuf jedhu kallattii jireenya koo jijjiiruu danda'a.

Hagamiif akkamitti qophaa'ee deemuu akkan qabu waanin hubadheef hamilee ho'aan , garaa guutuus waanan godhu murteeseera.

Gidduutti ergaa gara bilbila kootti darbamten arge. Ol fuudheen laale. Keessummaa kodha "Qophoofta, ba'aan jira" jedha. Anis qophiin na hafe hin jiru jedheen, Eeyyee xumureera, jedheen.

Yeroo dhumaaf irra deebi'een fuula koo dawwaachuutti jira, xumuree yommuun as deebi'u uffatan irra keessatti uffachuuf qopheeffadhe lafa inni lixen dhabe.

Mana keessa oliif gad deemuun jalqabe, yeroon beellama kiyya bira darbee lakkaa'uu hin dhaabne. Kana caalaa yeroo ko hin gubu jedheen, uffata biraa akkaatan itti uffachuu yaade waliin deemu filachuun jalqabe. Homaa akkan barbaadutti kan natti tole hin arganne.

Saanduqa uffataa bira dhaabbadhe gaabbiin yommuun as galagalu, uffatni kiyya kutaa ciisichaa, minjaala of-ilaalee biraa natti mul'ate. Bakkan itti qophaa'aa turetti ol kaa'ee dagachuuko ture. Bilbilli koo waamamaa jira...Kees-summaa kodha

Ana: Heloo

Isa: "Nagaya mii, maaliif turte..- Geessee ?"

Inni ga'eera, An manaa hin baane. Akka qaana'uu ta'een, xiqqoo naaf obsi mee dhufaan jiran jedheen.

Dafee uffata san buteen ariifadhee deemuu eegale. Akkuman bira ga'een ofitti qabee dubbiseen dhiifama gaafadhe. Waan uumame itti himuuf anumaa afaan saaqqaatu, maqaa ko waamee, "Dhufuun kiyya diqama taanan malee, barfachuun ke turtii waliin qabnu gabaabsa. Kanaaf yeroo hafetti fayyadamna." Naan jedhe.

Miira balleessaa wayiitu natti dhaga'ame. Akkas taanaan jedheen, yeroon qabutti dhimman isa barbaadeef akkasumas, qophiin dhuunfaatti qabu sirriittin ibseef. Sirriitti na dhageeffachaa, qalbiin qaba akkanni jiruus natti beekame.

Ergan xumuree booda, "waanti siif galuu qabu" naan jedhe..." dhufaa-tii borii abdiin eeguun gaarii ta'ee; qophii kee har'aan boritti hammam fayyadamta ?" Naan jedhe. "Barfachuun ke tana fakkeenya fuudhuu laata jennaan", anis seeqaa ni danda'aman jedhe.



Har'atti
dammaqi,
boritti
hojii
hin
baay'isiin.

"Daftee as ga'uufis ta'e barfachuu keef yeroon qophii xumuruun ykn utuu hin xumuriin hafuun ke waan biraan bakka hin bu'u.

Anaan akka guyyaa bor abdiin eegduutti fudhadhu, ati immoo har'a ta'ii of yaadi. Akkuman yeroo beellamaa utuu hin dabarsiin dhufe, borii ati abdiin eegdu, isaaf jettee qannoo ji'ootaan nuffamu irra shaakala jabinaan kan eegdu ni dhufa.

Dubbiin ijoon, Har'a borii naaf mala jettu ittiin ijaartutti dammaqi hojjedhu.

Hundee har'a ijaaramee abdii borii keessa si jiraachisutti bor jechuun dalagaa hin baay'isiin.

Sababni Isaa bor turtii safarame qaba. Inni dhumnaan boriis ni darba.

Atis,

Utuu waan siif kenname

Waan siin jijjiramu

Waan siin fooyya'u

Waan siif malu hin raawwatiin darbuu dandeessa." jedhe.

Har'atti dammaqi, boritti hojii hin baay'isiin.



Galaanaa Kitilaa

MADDAA FI QUBSUMA UUMMATA OROMOO

SEENAA UUMMATA OROMOO
HANGA JAARRAA 16 tti
KUTAA 2FFAA

Boqonnaa kana keessatti mata-dureen madda uummata Oromoofi qub-suma isaa jedhu iddoo jireenya uummatichaa kallattii sosochii uummatichaa kan hubachiisu dha.

Ilmaan namaa uumamaan godaantota waan ta'aniif jireenyaaf wantoota barbaachisan argachuuf bakkaa bakkatti ni godaanu. Kanumarraa kan kan ka'es, maddaafi qub-suma uummata Oromoo qorannoofi tilmaamni seenaa dubbachuu yaaleera. Kayyoo guddaan boqonnaa kanaa, yaadota barreeffamaafi afoolaan daddarbaa dhufaan xiinxaluu dha.

Madda Saba tokkoo boolla akkasiif akkanaa jedhanii tilmaamuun (ragaa argachuun) baay'ee rakkiisaa akka ta'e kitaaba kana keessatti katabameera. Dhugumaanis Sabni tokko sanyiiif gosa akkasii irraa dhalate jechuu malee maddi isaa iddoo akkasiiti jedhanii tilmaamuun barbaachisaa hin turre. Garuu akka boqonnaa kana keessatti caqafametti namoonni seenaa uummata Oromoo dabsanii barreessaa turan, dirqama maddi uummata kanaa akka xiinxalamuuf sababa ta'uun dubbatameera.

Kana ilaalchisees yaadni Maanguddoo tokko irraa argame akka armaan gadiitti caqafameera. "Osuma Nuyi lafa kanarra jirruufi tikfannuu nutti dhufan, silaa nama rakkatetu namatti dhufa namas barbaada malee, inni hin rakkanne biyyaa bahee nama hin barbaadu. Warruma dhiyoo dhufetu Oromoon godaansaan dhufe, bishaan keessaa bahe, biyya alaati dhufe jedha.

Osoo ta'ees nama namatti dhufe eessaa dhufte ? jedhanii gaafatu malee, inni booddee dhufe eessaa dhufte jedhee gaafachuu hin danda'u. Kana kan hojjetu aangoodha" jedhaniiru. Yaada Maanguddoo kanarraa akkuma hubatamu Sabichi murna humna qabeessa tokkoon abbuummaan isaa irraa mulqamee akka ture sirriitti nama hubachiisa. Warri aangoofi humna isaanii fayyadamaa turanis, dirqama fedha isaanii uummaticha uffisaa akka turan shakkiin hin jiru.

Akka yaada boqonnaa kana keessatti caqafamee jiruutti, madda Oromoo irratti barreeffamni jiru bakka gurguddaa lamatti qoodame.

⇒ 1ffaa, Yaada "Sabni kun Ardii Afrikaa alaa dhufe."

⇒ 2ffaa, Yaada "madda uummata kanaa Afrikaa keessaa bakka tokkotti murteessu."

Yaada uummanni kun Afrikaa alaa dhufe jedhu irratti barreessitoonni biyya keessaa lama Alaqaa Taayyee Atsimee Giyoorgis jedhaman yeroo jalqabaaf madda uummatichaati kan jedhan akeekaniiru. Barreessitoonni kunneen ragaa qabatamaa hin qabne akkaataa armaan gadiitti katabaniiru.

Alaqaa Taayyee: Barreeffama Atsimeen barreessen wabeeffadhe kan jedhe "uummanni Oromoo biyya Eeshiyaa irraa gara Mada-gaaskaaritti cehanii achiin boodas karaa Bobbaasaa Itiyoophiyaa galani jedhee ragaa bahee ture." Garuu kitaabichi kam akka ta'e adda baasee hin caqafne.



Atsimee Giyoorgis: Barreffama isaa keessatti waa'ee madda saba keenyaa akkas jedhee katabeera. "Oromoonni qarqara galaana Hindii irraan dhufani Walaabuu lafa jedhamu seenan jedha". Kitaabilee kan biroo irratti akka caqafametti immoo Atsimeen, uummani Oromoo biyya Faransaay irraa godaane dhufe jedhee barreessaera. Barreessitoonni kan biroonis akkasuma iddoowwan garaagaraa kanneen akka Israa'el maqaa dhahaniiru. Namtichi Charles T.Beke jedhamu immoo, karaa Kibba Lixa laga Baaroo gamarraan Wallaggaa seenan jedhee barreessaera.

Kana malees, qorataan seenaafi barreessaan seenaa Oromoo jalqabaa Abbaa Baahiree jedhamu maddi saba Oromoo Itiyoophiyaa keessaa naannoo Baaleefi Sidaamoo yookaan Booranaati jedhee katabeera. Barreeffama isaa keessaa ragaan dhiyeeffames "The Oromo come from the West and crossed the river of the country, which is called Galaana, to the frontier of Bali in the time of the hate wanag sagad" jedha. Kana jechuunis Oromoon bara "Atse Wanag saggad, karaa Lixaa daangaa Baaliitiin Galaana kan jedhamu laga biyya isaanii kutanii dhufan" jedha.

Akkasumas itti dabaluun immoo Abbaan Baahiree warri Booranaa godaansaan boodatti hafanii waan turaniif karaa Kuyyuurra dhufan jedhee katabuun isaa kitaaba kana keessatti caqafameera.

Faallaa Abbaa Baahiree garuu, namtichi C.Ehret jedhamu sabni Kuush giddu-gala Baddaa Itiyoophiyaa DH.K.D bara 3500 - 1000 B.C qubatanii jiraachaa akka turan ibseera. Itti dabaluunis barreessituun biyya Inglizii Perhaan jedhamtu warri Seem osoo gara Ardii Afrika hin seeniin dura sabni Kuush Kaaba Baha Afrika keessa jiraachaa akka turan isaan keessa Gaallonni (Oromoonni) tokko akka turan ibsiteetti. Akka kitaaba kanarratti ibsameetti Gaallaa: jechuun afaan Fooneshiyaanotaan "Nama cimaa" yookaan "Saba Lolatti beekamu" jechuu dha. Haa ta'u malee Oromoon maqaa abbaatu ofii baafata malee ormi namaaf hin baasu jedhee waan amanuuf diduun isaas caqafameera.

Namtichi Greenfield jedhamu akka ibsetti yoo xiqqaate uummanni Oromoo jaarraa 10ffaa keessa naannoo Shawaa turani. Boodarras jaarra 14ffaa keessa naannoo Haroo Xaanaatti tasgabbaa'anii jiraachaa akka turan barreessuun isaa kitaaba kana keessatti akka ragaatti fudhatameera. Kana malees, ragaaleen barreessitoota adda addaarraa fudhataman hedduun isaanii uummanni Oromoo Baddaa Kaaba Baha Afrika keessaa akka ta'e ragaa hedduun walitti sassaabameera.

Sababa Godaanya Uummatichaa

Godaansi uummata Oromoo Kaaba biyyattii irraa gara Kibbaa, Bahaafi Dhiha biyyattiitti yeroo ibsamu, sababni guddaan tokko dhiibbaa amantii akka ta'e caqafameera. Kunis xiinxala barreeffamoota garaagaraa irratti hundaa'uudhaan bara mootummaa Yuukino Amlaak keessa babal'ifannaa amantii Kiristaanaafi amantii Islaamaa ta'uun gad fageenyaan caqafamee jira.

Kitaabicha irratti akka caqafametti yeroo sanitti uummanni Oromoo sirna Gadaan of bulchaa waan tureef dhiibbaa amantiilee sanaan miidhaan irra gahaa akka tures barreeffameera. Sababni kan biroon uummanni kun itti godaanaa ture inni kan biraa jiruuf jireenya isaaf haala mijeeffachuufi lafa babal'ifannaaf wal irraa adda faffaca'ee deemaa akka tures caqafamee jira. Kunis ta'uu kan danda'u quxisuun yookaan angafti eeyyama Abbaa Muudaatiin qajeelfama erga fudhate deemee akka lafa qabatu caqafameera. Kunis angafti yoo qe'ee dhaloota isaatti hafe quxisuun immoo bakka biraatti akka godaanu taasifama.

Sirna kanas kan eebbaan qajeelchu Abbaa Muudaa ykn Qaalluu akka ta'e caqafamee jira. Yeroo deeman kanas, lafa deeman marattuu eeyyama Abbaa Gadaan ala lollis ta'e saamichi, namas ta'e qabeenya booji'uun hin danda'amu.



Dura uummatti naannoo san buufate maal akka ta'e, afaan maalii akka dubbatu adda baafatanii, yoo nama afaan isaanii dubbatu yoo ta'e ofitti dabalatu. Kunis akkaataa itti Sabichi seeraafi duudhaa isaa eeggachaa; sirna Gadaan jiruuf jireenya isaa gaggeeffachaa ture nutti mul'isa. Akka fakkeenyaatti yoo fudhanne uummanni Oromoo Booranaa jaarraa 16ffaa dura giddu-galeessa biyya Itiyoophiyaa (Tuulama) keessa jiraachaa akka ture afoolaan akka armaan gadiitti ibsameera:-

"Nutti warri soddom booroo
Kan soddomaan godaannu
Kan soddomaan uchuma buusu
Kan soddomaan diina balleessu
Muudaan keenya Finfinnee
Finfinnee Waaqa jaallee
Malkaa jabduu bullee
Akkasiin ofkalle" jedha.

Ka'umsa sirna Gadaa

Xiinxalli jabaan boqqonnaa kanaa inni kan biroon waa'ee ka'umsa sirna Gadaati. Sirni Gadaa yoom jalqabe, hanga ammaatti Abbootii Gadaa meeqaan wal harkaa akka fuudhame xiinxala gad-fagoon lafa kaa'ameera. Akka kitaaba kanarratti caqafametti sirni Gadaa kan jalqabe bara 204 A.D Odaa Nabee jalatti dha.

Kunis ta'uu kan danda'e baay'ina Abbootii Gadaa hanga yoonatti wal harkaa fuudhan irratti hundaa'uudhaan, marsaa waggaa saddeetiin baay'isuun kan bira gahame dha. Haga bara 2012tti Abbootiin Gadaa wal harkaa fuudhan baay'inaan 226 ta'uu Isanumarraa odeeffatamee ragaa bahameera. Kanas marsaa gadaa waggaa saddetiin baay'ifnee bara Gadaa isa dhumaarraa yoo hir'ifne ka'umsa bara Gadaa arganna jechuudha. $226 \times 8 = 1808$
 $\Rightarrow 2012 - 1808 = 204$ dhufa jechuudha.

Sirni Gadaa bar 756 A.D hanga bara 1116 A.D adda citee akka ture, kunis Cinna Gadaa akka jedhamus caqafamera. Bara 1116 A.D tti garuu Odaa Nabee jalatti deebi'ee akka haareffame boqonnaa kana keessatti katabameera. Sirna muudama Abbootii Gadaas kan raawwatu Abbaa Muudaa (Qaalluu) yoo ta'u teessoon isaa laga Mormor(Abbayyaa) gama akka ta'e caqafameera. boodarra garuu teessoon abbaa Muudaa dhiibbaa amantii Kiristaanaafi Islaamaan iddoodhaa akka buqqaaafameefi abbaan Muudaas akka ajjeefame caqafameera.

Sababii kanaafis teessoon abbaa Muudaa Odaa Nabee irraa gara Odaa Roobaatti(Baalee) akka jijjirame caqafameera. Yeroo ammaa Tuulama keessatti seenaa Odaa Nabeen wal qabatee kan jiru hora jahan Waaqayyoofti tulluu saddettan Waaqayyooti. Odaa Nabee jalatti siyaasa sirna Gadaatu gaggeeffama, akkasumas tulloota kanarratti Oromoon Waaqa akka kadhatuufi dhugeeffatu gad fageenyaan ibsameera. Waa'ee tullootaafi horawwan Tuulamaa kutaa itti aanu keessatti ilaalla.

Orom-duroo, Booranaa fi Baarentuu

Xiinxalli jabaan kan biroo kitaaba kana keessatti caqafame waa'ee hidda latinsa uummata Oromooti. Kitaaba kanarratti akka ibsameetti hiddi latinsaa Oromoo Booranaaf Baarentuu qofaa osoo hin taane, Orom-duroo hiddi jedhamus akka ture dhugoomseera. Hiddi Orom-duroo jedhaman kunis, sirna Gadaa duriin kan bulaniifi erga haara'umsi Gadaa raawwatee haara'umsa Gadaadhaan warra hin bulle dha. Gosti kunis karaa Goojjam gara Wallaggaatti seenanii jiraachaa akka turan katabameera. Gosti Oromoo Booranaaf Baarentuu immoo hara'umsa Gadaan kan waliigalanii fi kan bulanidha. Orom-duroo, Booranaafi Baarentuun iddoo tokkotti Oromoo Komtom jedhamu.

Ergaan boqonnaa kanaa inni ijoo maddi uummata Oromoo eessa akka ta'e yaada hayyootaafi afoola uummatichaa irratti hundaa'uun xiinxalli danuun as keessatti kaa'ameera. Yaada waliigalaa isaa yoo fudhannu manni uummata Oromoo inni jalqabaa laga Mormor (laga Abbayyaa) gama akka ta'e afoola uummatichaa wabeeffachuun ifoomnee jira. Beekumsa waliigalaa seenaa uummatichaa kitaaba sana keessa jiru guutummaan argachuuf kitaabicha akka dubbistan affeer-raa kooti. Yeroo itti aanutti kutaa xumuraa qabadheen deebi'a.

Namni seenaa beeku seenaa hojjechuu danda'a. kanaaf seenaa keenya haa dubbisnu. Kan dubbifne waliif haa qoodnuun dhaamsa koo yeroo maraati. Galatoomaa!



Yaadannoo guyyaa dhalootaa fi kabaja ganna 38ffaa gootichaa!
Haacaaluu Hundeessaa



Leensee Asaffaa

KOOTTUU NA DHUNGADHU

Gajjallaa lapheekoo si duwwaatu jira
Bari'us yoo dhihu yaannikoo si bira
Dhihuusaa eeggatee Waraabessi yuusa
Ijjikoo siin hawweet imimmaan ol kuusa

Ijiko saa hawwu qaamnikoo maal ta'ee
Imimmaankoon jiidhee hollachuutti ka'e
Innoo haa hollatu silaa eessan qaba
Maafimmoo hafuurri kokkeekoon na qabaa

Hafuurri haa rakkatu kokkeekootti galee
Kan sirbuu onneekoo ana naaf hin galle
Onneenkoo haa dhahatu an silas nan dhowwaa
Garaakoofi malee kanan dhabe dawaa

Garaan naa dhukkubu at nagaa naaf ta'i
Nagaa kee naaf dhaami dhungookee naan ga'i
Dhungoon kee aannani qabbana oodaa qaba
Ibidda onneekoof dafee naa qaqqaba

Dafuun dafuudhaaree akka liphii ijaa
Sagaleekee hawwee kunoo nan fajaja
Fajajee fajajee dadhabee eennaan ka'u
Ciqileen jilbatti harki maddikootti
Hodhamee haa taa'uu

Ciqileef jilbakoo suuta addaan baafadhee
Harka naa lakkisiin maddiikoo gorfadhe
Maddiikoo yennaan jedhu hidhiikeen yaadadha
Injoorii bilchaaten irraa suureffadha

....Hargansuuuuukeen miireffadha.

Qalbii maalan qaba an silaa hin jiru
Qaamni kee na tuqnaan qorichuu nan furu
Dhungoon kee furmaata kan biraa maal godhu
Mee waa hunda dhiisii koottuu na dhungadhu !



Homattuu Hin Lakkaa'iin Abdii Abbiyyoo

Waan Xiqqoof
"Arbi xurii lagachuuf karaarraa
gore, Booyeen na sodaateeti"
jetti. Mee barreeffama Koo
seenessa gadii kanaan haa jalqabu.
"Yeroo tokko Arbi laga bu'ee nafa
ofii qulqulleessee gara iddoo
jireenyatti osoo deebi'aa jiruu,
Booyeen dhoqqeen laaqamte
riqicha gubbaatti itti dhufte. Arbis
dhaabbatee cinaatti goruun dabar-
see imala isaa itti fufe. Booyeenis
hiriyyoota isaa bira dhaquun laphee
dhiibee "agartani mitii? Ana Arbi
guddaan sunuu na sodaatee
karaarraa goree na dabarse"
jedheen.

Dubbii kana kan dhagahan hiri-
yoonni Arbaa tokko tokko "
Dhuguma Booyee sodaattee
karaarraa gorteeffii?" jedhanii
gaafatan. Arbichis seeqachaa
"Dhugaa dubbachuuf Booyee luka
kootin irra dhaabbadhee darbuu
nan danda'an ture. Garuu immoo
nafti isaa dhoqqee qofa waan ta'eef
akka xurii isaatiin na hin xuqne
jedheen jalaa gore " jechuun
hiriyyoota isaatti hime.

Maal jechuun barbaade seetan .
namoota yaada xurawaa qaban
waliin gonkuma falmii ykn haasawa
hin godhiin. Arrabsoo, tuffii fi
oftuulummaa isaanitiif bakka hin
kennin. Tuffadhuu jalaa gori. Isaan
hawwii kee, mul'ata kee, kaayyoo
kee, milkaa'ina kee gufachiisuuf
warra socho'ani dha. Haasawaaf
oolmaan kee namoota kaayyoo fi
mul'ata qaban wajjiin haa ta'u.
"Ilmi namaa si beekuuf akka
seenawan hin godhin, Garuu si
dhabuuf akka seenawan godhi!",
Kana jechuun namoota biratti
beekkamtii argachuuf qofa hin
hojjatin, bu'aa buusuuf hojjadhu,
akka ummanni bu'aa kee sana
laalee gammadutti.

Addunyaa kana irraa namoonni
bu'aa gurguddaa buusan gosa
lamatu jira. Isaanis :
1. Namoota yaada (qalbii) tasgab
baa'aa ta'e qabanii fi
2. Kanneen galata galchuu beekani
dha.

Namoonni yaada tasgabbaa'aa
qaban waan yaadan qajeeltotti
hubatu.

- Karoora isaanii ni beeku.
- Ogummaadhaan socho'u.

Namoonni waan isaaniif ta'e
hundumaaf galateeffatan balbala
milkaa'inaa isa itti aanutti darbuuf
akeeku. Isaan warra gammadani
dha. Gammachuun isaanii
kaka'umsa hojiif bu'uura.

Wanti itti gammadaa hojjetan yoo
dadhabanillee nama hin nuffisiisu.
Namni fedha yoo dhabe malee
waan tokko fixan baasuu hin
dadhabu. Kanaaf waan kamuu
fixaan baasuuf fedhiin murteessaa
dha. Akkasumas yaada mataa
ofitiin hogganamu dha.

Miira namni si keessatti uumeen hin
hogganamin.
Namoonni yeroo baay'ee abdii si
kutachisuuf jecha "Nama akka
keetii kanatu nama ta'aa, kuni waan
hin danda'amne , qabeenyaa fi
yeroo keetiin hin taphatiin, of jajuuf
yoo ta'e malee kun waan hin
fakkanne, nama sii olii meeqatu
dadhabe, Atimoo?..." jechuun miirri
gad aantummaa akka sitti dhaga-
hamuuf daangaa siif kaa'uu ta'a.

Namoonni akka ati kanaa achi hin
darbine sitti himuu ni danda'uu
garuu yoo simatte malee karaan hin
dhibu. Iddoo isaan hin darbitu siin
jedhan san darbuuf mirga guutuu
qabda. Abshir, aduu fi oduun yeroof
nama gubdi. Ifti si keessa jiru akka
dhaamuf yoomu hin hayyamiin.
Kaayyoo qabaannaan eessayyuu
akka gahu dandeessu hojiin mul'isi.

"Eenyullee, yoo ati
eyyamateef malee
mirri gadi aantumma
akka sitti dhagahamuu
taasisu hin danda'u"



ISA KAM SOORADHU? Boonsaa Baayisa

Ani barreeffamoota
Og-barruu Afaan Oromoo
bifa lamaanin hubadha.
Inni duraa:- Soorata mi'aawaa
gabatee qulqulluutti dhiyaate.
Kan lammataa:- Soora gaba-
tee qulqullina hin qabneen
dhiyaate.

Isa lammaaffaa irraan eegala.
Barreeffamoonni kitaabaanis ta'e
Miidiyaa hawaasaa (Social media
platform) adda addaan barreessi-
toota keenya muraasaan barreeffa-
man akka nyaata nuyi baay'isnee
jaalannuu fi dhandhama mi'aawaa
qabuun yoo fakkeessine, qodaa inni
ittiin dhiyaatu garuu qulqullina
dhabuun isaa daraan kan irraa
mul'atu dha. Sababa qulqullina
dhabuu barreeffamaa:

- ⇒ Moggaasni qolaaf ergaan
keessa waan barreeffamee
gargar ta'uu.
- ⇒ Qubee eeguun katabuu
dadhabuu.
- ⇒ Jechoota filachuu dhiisuu.
- ⇒ Wal morkiin gochaa hir'achuu.
- ⇒ Qindoomina dhabuu jechaa ykn
himaa.

Isaan kun sirnaan fayyadamnaan
yaada irratti dubbachuuf kaasne
jabeessuun hiika itti godhu. Yoo hin
eegamne garuu ergaa dhaamsi
wal-makee uumuun barreeffama
tira hin qabne taasisu.
Armaan olitti waantooti ka'an
soorata irratti xiyyeeffatu,
qulqullinni qodaa soorata hoo ?
Karaa ittiin yaadonni tamsa'an
keessaa muraasni:-

- ⇒ Fuulaa fuulatti waliin
dubbachuu.
- ⇒ Miidiyaa hawaasummaa,
dhaabbileen biroodkaastii (main
stream media) kanneen angafaati.

Si'a kana qophiileen heedduu
tooftaa kana fayyadamuun namoo-
ta bira waan gahaniif, akkamitti
osoo nama hin nuffisiisne ergaa
dabarsuu barbaanne dabarsinaan
gaaffii murteessaa dha.

Aartii waa-uumtee(creativity) nuyi
fayyadamnu, dheerinni yeroofi
miidiyaa nuyi ergaa sanaaf filanne
qulqullina gabatee sani kanneen
murteessani dha.

Nyaata isa foolii urgaa'aa qabu,
qodaa qulqullina hin qabneen osoo
siif dhiyeessani ni soorattaa ?
osuma nyaaticha jaalattullee
nyaadhu nyaadhu sin jedhu.

Golli Oromiyaa haa lakkaa'u,
namoota osoo yaada addaa, kalaqa
addaa, dandeettii addaa qabanii,
akkamitti akka soora gaarii taasisan
akkasumas, akkaataa ittiin dhiyees-
suu qaban wallaaluu irraa kan ka'e
kennaan heedduun dhidhimee
hafe.

Qabxii isa jalqabaattan deebi'a.

Nyaata aadaa Oromoo kabajaan
dhiyaatu tokkon isin beeksisa.
Cumboo ykn Cororsaa jedhamuunis
ni beekama.
Cumboon akka buddenaa xaafiima
argame irraa kan qophaa'u miti.
Filamee xaafii diimaa irraa tolfama.
Itittuu, cororsaa fi qocqocaan
(Qaaraa daakame) ammoo akka
ittoo Cumbootti qulqullinaan
qopheeffamu. Bilchaatee
yogguu as bahu afaantu
gororaan nama guuta.
Dhandhamni isaa silaa
ajaa'iba.



"Akkamitti akka ati jettu akkuma waan ati jettuu murteessaa dha".

Kanneen yaadni barreeffama isaanii wal tumsu, walitti bu'iinsa yaadotaa kan qaban, soorata madaalawaa sammuuf ta'u of keessaa qabu. Soorgoon dhaamsa isaanii saqamee eennaa hubatamu nama amansiisa, galaa jireenya namaaf ta'u of keessaa qabu.

Barruulee mi'aa fi akkaataa dhiyaataniiin sadarkaa eeggataniif ammoo kabaja guddaan qaba. Osoo wanta barreeffame ati immoo dubbisaa oolte, akkuma bishaan laga keenya isa taliila sanaa keessatti of ilaalta, ammas ammas dhugdee hin quuftu.

Barreessitoonni ogummaa Aartiin dabaalamani barreessaan akkuma nama aannan adii qaruuraa qulqulluutti buuseeti, lameenuu qulqulluu ol fuutee dhuguu qofaa dha. Humni isaa salphaa miti sammukeef nageenya laphee keef qabbana arjooma.

Obbolloonni barreessitan, dhukkubsattoota meeqatu barruu keen yaalamuuf dhufa. Akka fayyisutti moo innumti nagaa dhufe dhukkuffatee akka galutti barreessita? Kitaaba ati barreessitu mana yaalaa dhukkubsattoota dha. Sababni isaa yaadni, amalli fi jireenyi asitti qarama. Kanaaf maaloo dhukkubsattoota kee eeggadhu, fayisuuf carraaqi, ta'uu baannan sababa dhukkubaa itti hin ta'iin.

Dhumarratti, maxxansaaleen barruu Labataan qophaa'aanii fi kan isaa fakkaatan hundi baayyee qulqullina qabu. Irraa soora mi'aawaa dhandhamuutti jirra!



Firaan Alamu

DACHEE MAAL SI GOONE ?

Yaa lafaa yaa dachee dandeessuu hundumaa
Mee gurrakee as qabi waa tokkon sitti hima
Kan garaakoo ture komii kumaatama
Gaaffikoo deebisnaan sittan araarama

Sifaarsaa yeroo turre bookafaa qabannee
Coomafaa murannee ittittuu unannee
Waadaa hin nyaattu jennee hedduu si abdannee
Har'a maaltu taanaan walirratti kaane

Akkas seenee miti kan sifaarsaa turre
Waaqa sagadanee siin itti aansinee
Dachee niitii Waaqaa jennee siwaammannee
Waa'ee iyya keenyaaf gurra qabda seenee

Jaartii garaa margaa irrikee midhaani
Gara baldheettiikoo jalliikee bishaani
Nutoo sin tuffanne akka warra kaanii
Nuqaanessuun kee kun maaluma dhabnaani

Sirra horree yaafna sirraa qonnee nyaanna
Sirra buburraaqnee tattaphannee galla
Hundaa dandeessuukoo beekaadhaaf wallaalaa
Gaaffikoo deebisi dinnaan wal ilaalla !

Akkas jechaa turreem dachee yaa dinqituu
Yoo sooreessa nyaatte iyyeessa hin jibbitu
Qabeenyas ilaaltee qomoon nama hinfilu
Shittoo qabus cittoo lamaanuu hin balfitu
Gaafuma akkas jennullee maaf garaa nuun laaftuu

Amma kana booda sifaarsuun koo hafee
Nagaayyuu sin gaaffu utuu maaluu dhufe
Yeroon sirra deemus nyaarakoo gundunfee
Siwajjin jiraachuu hin yaadu itti fufe

Yaa lafaa dhaga'i dhimman sirraa qaba
Gaaffii tokko miti kumaataman qaba
Sammuu koo xaxamee eessarraan jalqabaa



Gaaffii hedduu keessaa kan garaakoo raasu
Goototakoo fixxe warreen ani faarsu
Walirratti nyaatte hangafaaf quxisuu
Qarxamsitee nyaatta siin homtuu siin quubsu

Meerre eessa keesse sabboontota Oromoo
Murattuu Dalloofaa Hajii Adam Saadoo
Dhugaaf wareegaman kan hin beekne yaaddoo
Mohe Abdoon dhabe meerre Shamsii Shamboo
Siinan jedhaam lafaa nuun deebistuu aabboo

Oliiqaa Dingiliin Abishee Garbaafaa
Elemoo Qilxuufi Zawugaa Booji'aa
Daraartuuf Kuulanii Alamuu Qixxeessaa
Maaliif nuun deebistu maal sigoone waansaa

Warreen Arfan Qalloo kan goodaa Harargee
Gaaroo Kumsaan dhabe an kanaafan aaree
Musaxafaa Harowwee Meerre Haajii Roobalee
Ismaayyoo Eebbisaa waan fuudhen wallaale

Yaa Lammeessaa Boruu Jireenyaa Ayyaanaa
Badhaasaa Dilgaasaa mee kottaa sin eegna
Gootichi eessa jira H/Maariyaam Gammadaa
Gumaa jarreen kanaa ani dacheerraan qaba
Jaagamaa Badhaanee Abdiisaa Aagaafaa
Hayyicha Oromoo obbo Baaroo Tumsaa
Obboleessa isaanii Q/Guddinaa Tumsaa
Eessa keesse dache Guddisaa Annisaa

Warreen qaroo ta'an keessaa fiffilattee
Hafuura dhokfattee funaannattee fixxe
Hayyoota koo hedduu dhoofttee galaafatte
Maaf na iyyisiistaa naan deebistuu dachee
Taaddasaa Birruufaa goota eenyummaaf du'e
Waaqoo Guutuun dhabe meerre eessa bu'e
Maammoo Mazammirfaa bishaan maaliitu hudhe
Dachee naan deebistuu maaluman si godhe

Eebbisaa Addunyaa Artistii beekamaa
Roobaa Abdiin dhabe meerre Gishuun Jaarraa
Hundumaa Kabaafi Kumalaa Mirkanaa
Maaluma sigonaan nyaattee lafa nana
Soofiyaa Mohaammad gootittiin yaadadha
Ibsituu Margaafaa akkaman irraanfadhha
Bultii Gurmeessaafi Tasfaay'ee Hundeessaa
Warra seenaan beeku gameeyyii kaleessaa

Gammachiis Mul'ataafi Damisee Tacaanee
Qabsaa'ota hedduufi goota baay'ee dhabne
Kumaatama horree harka qullaa hafne
Jamaa lafa kana maal goonu dachaanee

Yaa Nadhii Gammadaa maaloo nu dhaga'i
Yaa Elemoo Qilxuu Yaa Magarsaa Bari
Nutoo obsa fixnee maaf nuun dhufu barrii
Nuu gadhiisi dachee Zaaraa Sheek Bakirii

Yaa Sanbatoo Luboo yaa Hajii Daraaraa
Wanta keessa jirru mee ka'aa ilaalaa
Yaa Jukii Baarentoo yaa Caalaa Baqqalaa
Sin liqimsee fixee maaf lafti nu haalaa

Yaa Mohaammad Amaan yaa Saartuu Yusuufi
Calliftanii ciistuu sin yaannee du'uufi
Dagaagaa Baayisaa Wayi yaa Nuurii Giigii
Dache! isaan fixuunkee sababa maaliiti

Abdii Qopheen dhabe Gishaa Bishee Jaarsaa
Yaa Maammee Qaasimkoo yaa Jaarra Uddeessaa

Itti fufa...



   
@labatamagazine



Labata Magazine

Subscribe our youtube channel